Namni kitaaba Rabbii irraa qubee tokko dubbise, isaan mindaa tokko qaba, mindaan tokko immoo fakkaattii isii kudhaniini

Abdullaah ibnu Mas'uud irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni kitaaba Rabbii irraa qubee tokko dubbise, isaan mindaa tokko qaba, mindaan tokko immoo fakkaattii isii kudhaniini, {Alif Laam Miim) jechuun qubee tokko hin jedhu, garuu {Alif} qubee tokko, {Laam} is qubee tokko, {Miim} is qubee tokko».

[hasani] [tirmizii odeesse]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- muslmni Qur'aana Rabbii irraa qubee tokko dubbisu hundi isaan mindaa tokko akka qabu himani, mindaan sun immoo hanga fakkaattii kudhaniitti dachaa isaaf taasifama. Eegasii jecha isaanii: (Alif Laam Miim qubee tokko hin jedhu, garuu Alif qubee tokko, Laam qubee tokko, Miim qubee tokko) jedhuun sana ibsani: qubeen sadeen mindaa soddoma kan qabaatu ta'a.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/6275